# Hidhaan, Ajjechaan fi Madeeffamuun Osoo Duubatti Nun Deebisne Fincila Diddaa Gabrummaa (FDG) Gara Fincila Xumura Gabrummaatti (FXG) Cehuun Yeroon Isaa Amma

Qeerroon Bilisummaa erga oromiyaa keessatti gadi dhaabbatee mormii karaa nagaatiin mootummaa shororkaawaa fi nama nyaataa Wayyaanee waliin gaggeessuu eegalee waggoota muraasa lakkoofsisee jira.

Qeerroon jajjabeen sabaa 0romiyaa keessatti uummata isaa waliin mirga uummata isaa kabachiisuuf, ciramuu lafa 0romiyaa dura dhaabbataa, falma hadhawaaa fi suukkanneessaa keessatti hedduun osoo ajjeefamuu, hidhamuu, ariyamuu fi gudeeddaan shamarraan Oromoo irratti osoo raawwatuu gabrummaa jalaa bahuuf maqaa FDG jedhu qabatee diina dura dhaabbatee wareegama guddaas baasee injifannoo guddaas galmeessaa Oromiyaa fi uummata Oromoo bilisa baasuuf sadarkaa mootummaa gabroonfataa mootummaa abbaa irree wayyaanetti xumura taasisuu irra gahee jira.

Seenaa darban keessatti FDG barana Sadaa fi Muddee 2015 keessa gaggeeffamaa jiru seenaa Oromoo keessatti iddoo olaanaa tahee yaadatamuu fi dubbifamuu akka qabu hubachaa wareegamni FDG amma gaggeeffame keessatti wareegamni lubbuu, qabeenyaa fi diinagdee guddaa tahus injifannoon galmawaan daran guddaa fi gammachiisaa akkasuma uummata Oromoo kan boonsuudha.

Egaan FDG amma gara xumuraatti dhufnee jirra. Qeerroon fincilli isaa kana booda itti fufuu qabu maqaa kana ofirraa jijjiiruudhaan

FDG- Fincila Diddaa Gabrummaa kan jedhu gara

FXG-Fincila Xumura Gabrummaatti jijjiirruun qabsoo isaa Bilisummaadhaan xumuratuu fi yeroo gabrummaa ofirraa xumuru yeroo kana tahuun sochiiwwan yeroo ammaa gaggeeffamu irrraa kan hubannuudha.

Yeroo kanaa akkuma beekamu hidhaan uummata Oromoo irratti raawwataa jiru hammaachaa, gocho mootummaa shororkeessaa wayyaaneetiin godhamaa jirus suukkanneessaa shamarran Oromoo irratti gudeeddaa dirqiin raawwataa jiraachuu osoo argaa jirru, rasaasaan kan ajjeefaman daa'imaa hanga maanguddootti dhibbaan lakkaawam mul'ataa fi dhokaatatti beekame, ilmaan Oromoo yeroo ammaa kana mana hidhaatti guuramaa jiran kumaataman lakkaawamaa jiran kun gonkumaa qabsoo keenya duubatti osoo hin deebisnee Qeerron Bilisummaa FXG mirkaneeffachuun isaa amma tahuu wal hubachisuudhaan waamicha itti fufiinsaan qabsoo keenya dhaabuu hin qabnee taasisna.

FXG Amma!

Qeerroo Bilisummaa

Muddee 30, 2015